Rabbiin nama dhugaan shahiidummaa isa gaafate sadarkaa shahiidotaatiin isa ga'a, firaasha isaa irratti yoo du'ellee

Sahal bin huneef irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin nama dhugaan shahiidummaa isa gaafate sadarkaa shahiidotaatiin isa ga'a, firaasha isaa irratti yoo du'ellee».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni karaa Rabbii irratti shahiidummaa fi ajjeefamuu gaafate, niyyaa isaa sana keessatti immoo dhugaa fI ikhlaasa qabaate, niyyaa isaa dhugaa sanaan Rabbiin sadarkoolee shahiidotaa isaaf akka kennu himani, jihaadaan alatti firaasha isaa irratti yoo du'ellee.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3157